# Chaartarii Lammiilee Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaa

**Mudde 2005**

**Finfinnee**

# 1. Seensa

Jijjiirama saffisaa yeroo ammaa mul'achaa jiru qalbi keessa galchuun fedhii maamiltoota keenyaa hubachuudhaan deebii gahaa fi saffisaa ta'e kennuun daran barbaachisaadha. Haaluma kanaan mula'ata, ergama akkasumas fedhii fi amala maamiltootaa fi dhimmamtoota mana hojii keenya beekuu fi xiinxaluudhan Chaartarii Laammilee qopheeffachuun murteessaa ta'ee argameera.Chartariin Laamilee kunis tajaajilaa kennamuu bifa ifaa fi gabaabaa ta'een qophaa'ee akka arman gadiitti dhiyaatera.

## 2. Kaayyoo Chaarterichaa

Biiroon Maallaqa fi Misooma Dinagdee Oromiyaa mul'ataa fi ergama kaa'ate akkaataa barbaadamuun galmaan ga'uuf lammiilee fi tajaajilamtoota isaatiif tajaajila qulqulluu, iftoomina qabuu, yeroo isaa eggatee fi haqa qabeessa ta'e bifa ittigaafatamummaan kennuudhaaf kaayyolee armaan gadii qopheeffateera.

- Lammiilee hundaaf tajaajila ga'umsaa fi bu'a qabeessa qabu kennuuf;
- Gosa tajaajilaa fi sadarkaa kenna tajaajilaa lammiileen argaachuu qaban beeksisuuf;
- Lammiileen hundi kenniinsa tajaajilaa mana hojii keenyaa irratti abbummaan itti dhaga'amee yaada, akeekkachiisaa fi galtee akka kennan mijeessuuf.
- Hojjettoota keessatti kaka'umsa uumuun lammiileef tajaajila quubsaa ta'e kennuu akka danda'an taasisuuf;
- Sagantaa fi istandardii hojii ifatti ka'uun yeroo tajaajilamtootaa qusachuun yeroo isaanii hojii misoomaaf akka oolchan taasisuuf;

# 3. Daangaa Chaarterichaa

Chaarteriin kun sadarkaa Biiroo Maallaqa fi Misooma Dinagdee Oromiyaatti lammiilee tajaajilli kennamuuf irratti hundaa'ee kan qophaa'eedha.

# 4. Ergama, Mula'ataa fi Duudhaalee

## 4.1.Ergama (Mission)

***Qophii karoora Misooma Naanichaa ragaa qulqulluu irratti hunda`e qopheesuu fi tajaajila manni hojichaa kennu cimsuun qabeenya gama hundaan jiru karaa bu'aa qabeessa, ga'umsa, iftoominaa fi qindoomina***

*qabuun hojii irra ooluu isaa mirkaneessudhaan Jireenyi hawwasichaa akka fooyya'u gochuu.*

### 4.2. Mul'ata (Vision)

*Qabeenyi Naannichaa karaa haqaa fi bu'aa qabeessa ta'een hojii irra oolee Oromiyaan itti fufiinsaan misoomtee, Bara 2012tti Uummatni Naanichaa hundii hiyuummaa keessa bahee sadarkaa galii giddu galeessaa irra ga'ee arguu".*

### 4.3. Dudhaalee Mana Hojii (Values)

1. Mula'ata walinii (Shared Vision),
2. Hawwii Jijjiramaa (Optimistism)
3. Hirmaachisummaa (Participatory)
4. Haqummaa (Fairness)
5. Iftoomina (Transparency)
6. Miira Tajajiltummaa
7. Karooraan Oogganamuu
8. Itti gaaffatamuummaa
9. Walqixxummaa korniiyaa

## 5. Lammiilee/citizens/Tajaajilamtoota

- **Lammiilee**
- Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
- Manneen hojii (Naannoo, Godina, Aanaa, Magaalaa)
- Dhaabbilee Mit- Mootummaa,
- Dhiyeessitoota Tajaajila Dhuunfaa (Suppelirs , Private Service Providers),
- Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa
- Ministeera Maallaqaa fi Misooma Diinagdee fi Dhabilee Feederalaa hundaa fiMootumotaa Naannolee ,
- Arjomtoota(Bilateral and Multi lateral),
- Dhaabbilee Misoomaa adda addaa (Baankii,Poostaa, Ibsaa,Telekominikeeshinii)
- Qaama Seeraa ,
- Abba Taayita Istaastiksii giddugaleessa(Central Statistics Authority/CSA),
- Univarsitii fi Koollejoota adda addaa,
- Mana hojii Odiitii olaanaa,
- Dhaabbata Kaartaa federaala

- Midiyaalee
- Dhaabbilee Amaantaa adda addaa fi …kkf

## 6. Qajeeltoowwan Waliigalaa Biirichaa

- Tajaajila haqa qabeessaa fi doggogara irraa bilisa ta'e ni kennina;
- Naamusa gaariidhaan lammiileef tajaajila ni kennina;
- Duudhaalee keenya ni kabajna;
- Yeroo hundaa fedhii lammiilee guutuuf ni hojjenna;
- Gaaffii fi yaada lammiileef deebii atattamaa ni kennina.
- Walqixummaa Korniyyaa karoora misooma keessatti ni mirkannesina.
- Murteewwan keenyaa fi tajaajila kenninuuf ittigaafatamummaa ni fudhanna.

## 7. Tajaajilawwan Gurguddoo Lammiileef Kennaman

### 7.1.Kaaroora misoomaa naannichaa qopheessuu fi qindeessuun hoggannuu;

- Kaaroora yeroo dheera qopheessuu
- Karoora dhimma Imaammata Poopuleshinii qopheessuu
- GDP Naannichaa qopheessuu.
- Karoora Yeroo Gababa Qopheessuu.
- Qoodii Baajata Geggeessuu
- Hordoffi fi Gamaagamma geeggessuu

### 7.2. Ragaalee fi informeeshinii Naannoo gama hundaan calqississan qopheessuun

- Piroofaayilii hawaas-dinagdee "Socio -Economic Profile" Naannoo, Godinaalee, Aanalee fi Magaalotaa qopheessuu.
- Atilaasii fi ji'ogiraafii Naannoo fi Godinaalee qopheessuu.
- Ragalee Istaastiksii hawas-dinagdee adda addaa Naannicha Qopheessuu.
- Kaartolee daangaa bulchiinsaa, facaatii hawwaas-dinagdee fi qabeenya uumamaa Naannoo, Godinalee fi Aanalee/magaalotaa agarsissan qopheessuu,

### 7.3.Pirojektoota Dhabbilee Mit Mootummaa dhiyaatanii istaandaardii hojii taa'ee keessatti mirkana'anii waligalteen isaanii mallataahe.

- Dookumentii Piroojeektoota Dhabilee Mit-Mootumma gamagammun waligaltee mallatessun hojii misoomatti bobaassu.

- Pirojaktoota Dhabilee Mit-Mootumma haala hirmaachisaa ta'een qophaa'anii itti-fufiinsaanii fi qindoominaan hordofamanii bu'aan madaallii raawwii isaanii gaggeeffamee dhiyaate.
- Piroojektoota Dhabilee Mit-Mootumma Yeroo hojii isani fixan/xuumuran geggessuu

**7.4. Sirna Bittaa fi Bulchiinsa kununsaa fi suphaa Qabeenya Mootummaa gahumsa qabu fi ifaa ta'e dirirsuudhaan qabeenyi motummaa badii fi manca'inna malee kaayyoo hojii yaadameef akka oluu taasiisuu.**

- Sirna Bittaa Mootumma qorachuudhan akka foyya'u gochuu
- Sirna Suphaa fi Kuununsa Qabeenyaa dirire hojii irra olma isaa hordofu,deggaruu fi mirkannessuu
- Sirna Bulchiinsa Istookii dirire hojii irra olma isaa hordofu,deggaruu fi mirkannessuu
  Odiiti Bittaa Geeggessuu
- Bittaa fi Bulchiinsa qabeenya Mootumma irratti Manneen Hojii Mootummaaf goorsa fi deggarsa teknikaa kennuu
- Komii Dhiyeessitootaa/Manneen hojii Mootummaa irraa dhiyyatuu qulqulleessu fi murtoo kennuu

**7.5. Sirna Bulchiinsa faayinaansii naannichaa diriree sirritti hojii irra oluu isaa mirkannessuu.**

- Sirna bulchiinsa faayinansii diriree sirritti hojii irra olu isaa qorachuu
- Kaffaltii dedeebii malee raawwatamee karoorri manneen hojii mootummaa fixaan basuu.
- Gabaasa herreegaa qulqullina qabu yeroo isa eegate sagantaan taa'e keessatti dhiyate murtoo kennuuf dandeessisu qopheessuu.

**7.6. Hojimaata Odiitii sirrii ta'e hojii irra olchuudhaan qabeenyi naannichaa akkaataa kaayyoo kaa'ameen hojii irra ooluu isaa ittin mirkana'u dirririssuu.**

- Hojimata Odiitii keessa diriree hojii oluu isaa mirkanneessu
- Gabaasa Odiiti irratti tarkanffi sireessa akka fudhatamuu gochuu
- Tarkaanfii sireeffamaa fudhatamee hojii irra ooluu isaa hordoffu fi duub deebii keennu.

**7.7. Odeeffannoo Mana hojichaa Lammiilee hundaaf gosa midiyaa adda addaatiin fayyadamun tamsaasuu,**

- Ragaa fi Odeeffannoo Mana hojichaa qaama dhimmii ilaalu hundaaf gosa midiyaa adda addaatiin gaafii tajaajilamaa irratti hundaa'uun kennuu duub deebii kennu fi fudhachuu.
- Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu

4. **Chaarterii Lammiilee Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaa**

**Gabatee 1: Tajaajilawwan Dhaabbaticha Keessatti Kennamanii fi Istaandardii Kenna Tajaajilaa**

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| 1 | Kaaroora misooma naannichaa qopheessuu fi qindeessuun hoggannu | | | | | | |
| | Kaaroora yeroo dheera qopheessu | Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo | Waggaa shan tti yeroo tokko ji'a Caamsa hanga ji'a Caamsa 15tti kan baroota itti aanuu | Dokumanti i tokko Seektaroota Naannooo, Godinaalee fi Aanaalee/ Magaalota hundaaf | • 95% fi isaa oliin fedhii hawaasaa kan guute,<br>• Ragaa bu'uura ka'umsaa guutuu ta'e kan ammatee fi<br>• Qabeenya jiru jiddu-galeessa kan godhate | Ragaadhaan<br>· Immaamatoota Mootumma akka biyyatti ba'aan irraatti hubanoo kenudhan Mareedhan work shoopiidhan | • Hojii irraa olchuuf qopha'a ta'u fi kutanoo qabachuu<br>· Kallatti xiyyeefanoo Mootumma beekuu<br>· Qoranoo geggeeffamuuf raga barbachisu qabachudhan deggersa gochu |
| | Karoora dhimma Imaammata Poopuleshinii qopheessu | | Waggadhan yeroo karoorii wagga qopha'u ji'a Gurandhala hanga Eblatti kan bara itti aanu. | Dokumanti i tokko Seektaroota Naannooo, Godinaalee fi Aanaalee/ Magaalota hundaaf | • 95% fi isaa oliin fedhii hawaasaa kan guute,<br>• Ragaa bu'uura ka'umsaa guutuu ta'e kan ammatee fi<br>• Qabeenya jiru | • Leenjii fi work shooppiidhaan.<br>· Dookumeentii Kaaroora misoomaa<br>· Birosharoota qopheessudhan ·<br>Manneen Barnoota keessatti mare geggessudhan | • Imammata fi tarsimoo dhimma Populeeshinii beekuuf feedhii qabachuu<br>· Ogeessa gahumsa fi dandeetti qabuu bakka buusuudhan hirmachissu |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | | | | | jiddu-galeessa kan godhate | | |
| | GDP Naannicha qopheessu | Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo<br>Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo | Waggatti si'a tokko | Dokumanti i 1(tokko) | % 95 qabeenya naanichaa agarsisuu danda'uu | . Ragalee guuruudhaan . Leenjii Oggesootaaf kenuudhaan | • Ragalee qophii GDP fi barbachisan kennu· Keessatu Manneen hojii qophii kanaaf fayyadan kenuu qabuu. |
| | Karoora Yeroo Gababa Qopheessu | Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo fiDaar/ Kaaroora, Baajata, Hordoffi fi Gamagamma | Wagga 1 (tokkoo) keessatti kan qopha'u Hanga ji'a Ebla 30tti kan bara itti aanuu | Dokumanti i tokko | • 95% fi isaa oliin fedhii hawaasaa kan guute,<br>• Ragaa bu'uura ka'umsaa guutuu ta'e kan ammatee fi<br>• Qabeenya jiru jiddu-galeessa kan godhate | • Leenjii fi work shooppiidhaan.<br>·Dookumeentii karoora kan wagga tokko qindaa'ee qophaa'e · Walgahii Mana Mareedhan mirkannesisudhan, | • Karoora Misooma Manneen hojii fi Kan Godinalee/Aanalee/Magaalaota yerodhan qopha'ee dhiyaate<br>·Fedhii Misoomaa agarsiisuu fi gaaffi dandeetti qabeenya naannichaa irratti hunda'ee dhiyeessuu. |
| | Qoodii Baajata Geggeessu | Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo fi Daar/ Kaaroora, Baajata, Hordoffi fi Gamaaggamaa | Waggaa tokkoo keessatti yeroo tokko Ji'a Caamsa fi Waxabajii keessatti kan bara baajata itti aanuu | Bayyina manneen hojii Naannoo fi Aanalee hundaaf | • Ragaa qabatamaa fi amansiisaa kan qabaate,<br>• Karoora Mana hojichaa jiddu galeessa kan godhatee fi<br>• Haqa qbeessa (equity) kan ta'e | • Laabsii Baajata Magaalataa Oromiyaan Maxaanssisuudhaan<br>· "Green Book" Ibsa Pirjeektoota qophessudhan<br>· Beeksisa Baajataa rawwachuudhaan | • Baaxii Baajata kennamee yerodhan uunkalee barbachissatti gutani deebissu<br>·Ibsaa Piroojeektoota Manneen hojii aritidhan gutanii deebissu |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | Hordoffi fi Gamaagamma geeggessu | Daar/ Kaaroora, Baajata, Hordoffi fi Gamagamma , | Kurmana kurmaanaa fi waggaadhaan | Dokumenti i gabaasaa 4 waggaatti | • Raawwii Ragaa qabatamaa fi amansiisaa sadarkaa hundaa kan aguuge,<br>• Sadarkaa hundaa irratti hirmaachisa kan ta'e<br>• Haqa qabeessa kan ta'e | • Hordooffii fi Gamaaggama, qaamaan argamuudahaan<br>· Gabaasa/ xiinxaluudhaan<br>· Duubdeebii kennuudhaan. | •Ragalee piroojeektoota barbachisoo yeroodhaan dhiyeessuu<br>·Gabaasa raawwii fiszikaalaa fifaayinansii yeroodhan dhiyeessu. |
| | Ragaalee fi informeeshiinii Naannoo gama hundaan calqississan qopheessuun | | | | | | |
| | Piroofayilii hawaas-dinagdee "Sooshoo Economic Profile" Naannoo,Godinaalee, Aanalee fi Magaalotaa qopheessu | Daar/Ragalee fi Infoormashinii Naannoo | • Leenjii ogeessaan deeggarame waggaattii si'a tokko Godinaalee fi Aanaalee/Magaalotaaf kennu · Maamiltootaa fi dhimamtoota waliin waggaatti si'a tokko Maree geggesuu · Dookumentii qopha'ee | Wagga Lammatti dokumantii gosa adda addaa sadi | Raga itti ammanamum man isaa %95 ol ta'e | • Supperviizyiniidha an . Ragaalee walitti qabudhan . Godinaalee fi Aanaalee waliin waltajjii maree uumamuun · Ragalee sassabaman xiknxaluudhan<br>· Maxansudhan | • Raga kennun dirqama manneen hojii seeran ka'ame kabaju · Fedhii ragaalee fi Infoormeeshiiniitti fayyadamuu qabachuu.<br>· Raga fudhachuun hojii irra olchuuf qopha'a ta'u · Raga kennun dirqama manneen hojii seeran ka'ame kabaju |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | | | maxxansudhan raabsuu | | | | |
| | Atilaasii fi ji'ogiraafii Naannoo fi godinalee qopheessuu | Daar/Ragalee fi Infoormashinii Naannoo | • Leenjii ogeessaan deggarame waggaa lamatti si'a tokko godinalee fi aanalee/magaalotaaf kennuu<br>· Maamiltootaa fi dhimmamtoota waliin marii waggaa waggaatti si'a tokko geggessuu,<br>· Dookumentii qopha'e maxansuun raabsuu, | Wagga sadiitti dokumantii lama | Raga itti ammanamumman isaa %95 ol ta'e | • Suupaviizyinii/foormatii/ "GPS"dhaan aan<br>. Godinaalee fi Aanaalee waliin ta'uudhaan<br>· Ragaalee sassaabaman xiinxaluudhaan<br>· Dookumantoota maxxansdhaan | • Fedhii ragalee fi Infoormeeshiiniitti fayyadamuu qabachuu.<br>. Raga fudhachuun hojii irra olchuuf qopha'a ta'u |
| | Ragalee Istaastiksii hawas-dinagdee adda addaa Naannicha Qopheessu | Daar/Ragalee fi Infoormashinii Naannoo | • Leenjii waggaatti si'a tokko godinalee fi aanalee/Magaalotaaf kennuu , | Wagga waggadhan dokumantii lama | Raga itti ammanamumman isaa %95 ol ta'e | Foormaati /"GPS" dhaan ragalee sassabudhaan,xinxxaluu fi qindeesuudhan,<br>· Dookumentii maxxansuudhan, | Ragaa kennun dirqama manneen hojiif seeran kenname kabajuu,<br>· Raga fudhachuun hojiirra olchuuf qophaa'a ta'uu. |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | Kaartolee daangaa bulchiinsaa, facaatii hawwaas-dinagdee fi qabeenya uumamaa Naannoo, godinalee fi aanalee/magaalotaa agarsissan qopheessuu, maxxansiisuu | Daar/Ragalee fi Infoormashinii Naannoo | • Mamiltootaa fi dhimamtoota waliin marii geggessuu, · Dookumentii qopha'emaxxans udhan rabsuu, | Hanga gaffii dhiyatee | Raga itti ammanamum man isaa %95 ol ta'e | • Teeknoolojii ammayaatti "GIS,GPS Satellite images" fayyadamuudhan · Leenjii hojii kaartolee fi "GIS"ii irratti oggeessootaaf kennuudhan | • Daanga beekudhan ragalee barbachisan qabachuu · Fedhii Ragalee hawwas dinagdee fi qabeenya Uummama dhiyeeffachuu · Odeefanoo Kaartoolee irraa argamutti fayyadamuuf qophaa'a ta'uu · Kaartolee qopheessuf ragalee barbachisan qopheeffachuu |
| 2 | Pirojaktoota Dhabbilee Mit Mootummaa dhiyaatanii istaandaardii hojii taa'ee keessatti mirkana'anii waligalteen isaanii mallataahe | | | | | | |
| | Dookumentii Piroojeektoota Dhabilee Mit-Mootumma gamagammun waligaltee mallatessun hojii misoomatti bobaassu | Daar/Qindeessa, Hordoffii fi Gamaaggama Dh/M/Mootummaa | Guyyaa sadii keessatti | Hanga dhiyaate | • Ragaa qabatamaa fi amansiisaa sadarkaa hundaa kan aguuge, • Haqa qabeessa (equity) kan ta'e | • Piroojeektoota Dh/M/Mootummaa irratti qoranoo geggeessudhaan sirreefama barbaachisuu tasisuun · Marii waliini geggessu waligalte rawwachuu | • Piroojaktin ykn Karoorri qophaa'u fedhii uummataa irratti kan hundaa'ee fi qaama ilaallatu hunda kan hirmaachise ta'uu · . Hayyama qama seerairra qabachuu · Dookumantti xinxalaame kallatti Dhabatichii itti boba'ee hojjatuu kan ibsuu qabachuu. |
| | Pirojaktoota Dhabilee Mit-Mootumma haala hirmaachisaa ta'een qophaa'anii itti-fufiinsaanii | Daar/Qindeessa, Hordoffii fi Gamaaggama Dh/M/Mootu. | Kurmanan, waggaa fi Yeroo barbadametti | | | • Hordoffi fi gamaagamma geeggessudhan · Leenjii kennuundhan | • Bu'aa piroojakticha xiinxaluun gabaasni **(Mid-term orterminal report) qophaa'een booda ·Pirojaktoota gamaagama** |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | fi qindoominaan hordofamanii bu'aan madaallii raawwii isaanii gaggeeffamee dhiyaate | | | | | · FooramiiGIO/NGO geeggessuudhan<br>·Hayyama hareessuu fi tajaajila adda addaa kennudhn | **walakeessaa fi waggadhan hojii isaanii adda baasuun gabaasa / akka dhiyaatu gochuudhan.** |
| | Piroojektoota Dhabilee Mit-Mootumma Yeroo hojii isani fixan/xuumuran geggessuu | Daar/Qindeessa, Hordoffii fiGamaaggama Dh/M/Mootumma | Yeroo barbaachisetti | | | Gamagaamma geggessudhan walharka fudhinsa tasissuu | • Gabaasa xuumura piroojektichaa dhiyeeffachuu qaba.·<br>. Qabeenya ittin hojjacha turan huunda dhiyeeffachuu<br>·Waligaltee durani yeroo hojii yeroo jalqabbii fi xuumura qabu dhiyeessuu |
| | Sirna Bittaa fi Bulchiinsa kununsaa fi suphaa Qabeenya Mootummaa gahumsa qabu fi ifaa ta'e dirirsuudhaan qabeenyi motummaa badii fi manca'inna malee kaayyoo hojii yaadameef akka oluu taasiisuu. | | | | | | |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| 3 | Sirna Bittaa Mootumma qorachuudhan akka foyya'u gochuu | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootumma | • Qoranoo yeroo yeroodhan geggessuu<br>·Leenjii ogeessaan deeggarame waggaattii si'a tokko kennudhan. | | • Qoranoo rakko adda basuu qopheessa<br>· Dokumatii leenjii gahumsa qabuu qopheessu | • Leenjii fi work shooppiidhaan.<br>·Dookumeentii Leenjii qopheessun<br>·Hordooffi fi Gamagamma Gabaasa/duubdeebii kennudhan | • Rakkolee adeemsa bitta mootumma keessatti qunaman adda basun qabachu<br>·Feedhii dhiyaateen<br>·Qoranoo dhiyaate<br>·Koomii dedeebi'e bitta irratti dhiyatee jirachuu |
| | Sirna Suphaa fi Kuununsa Qabeenyaa dirire hojii irra olma isaa hordofu,deggaruu fi mirkannessuu | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootumma | • Qoranoo yeroo yeroodhan geggessuu | | • Qoranoo rakkoo %95 oliin adda basuu qopheessuu<br>· Dokumatii leenjii gahumsa qabuu qopheessuu | • Qabeenyi konkolata meeshalee eleektroniksii dabalatee akkaataa itti suphamanif yeroo itti suphaman bakka itti suphaman irratti yero yroodhan oggeessan qooranoo geggessu | . Koomee dhiyatee. Qoranoon adda ba'ee jirachuu |
| | Sirna Bulchiinsa Istookii dirire hojii irra olma isaa hordofu,deggaruu fi mirkannessuu | | Yeroo yeroodhan | | • Qoranoo qulqullinaqabu u fi rakko adda basuu qopheessu<br>· Dokumatii leenjii gahumsa qabuu qopheessu | • Qoranoo geggeessudhan<br>· Leenjii kennudhan<br>·Huubanoo umudhan | • Kaka'umsa qabachuu<br>· Qabeenya mana kuusa keessa jiruu kuununsab qabu · Sirna qabeenya galii fi baasii hordofuu |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| 4 | Odiiti Bittaa Geeggessuu | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootumma | Waggatti yeroo lama | Maneen hojii naannoo 4 Godinalee6 fi Aanalee/Maga alota 12 | Qoranoo rakko hikuu | Adeemsa Sirni bittaa mootumma hundii kabajamee bittan rawwatamuu issa mirkanneessuu | • Ragalee caalbaasiin ittin rawwatamee qabachuu fi seeran qabamuu<br>· Tareeffama dhiyeessitoota qabachuu fi itti fayyadamu |
| | Bittaa fi Bulchiinsa qabeenya Mootumma irratti Manneen Hojii Mootummaaf goorsa fi deggarsa teknikaa kennuu | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootumma | Yeroo yerodhaan akka dhiyaateen | | Gorsa fi deggarsa itti quffinsa mammilaa % 95 mirkana'ee | • Sirnaa Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa waliin madaluun<br>·Qaamaan mariin<br>·Leenjii kennudhan | • Rakkolee qunname barreeffaman ,Bilbilaan qamaan ibsachuu |
| | Komii Dhiyeessitootaa/Manneen hojii Mootummaa irraa dhiyyatuu qulqulleessu fi murtoo kennuu | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootumma | Komiin dhiyaate guyyaa hojii 15 keessatti murtoo kennu | Hanga komii dhiyate | %100 kommiwwan furmata sirri argatan | • Ragalee dhiyaate qorachuun qulqullessuu<br>·Raga dabalataa gafachuun<br>·Qama dhimmii ilaalu | • Iyyataa komii<br>·Yeroo iyyataaf seeraan murtaa'e keessatti ta'uu qaba.<br>· Sanada murtoo Mana hojii<br>·Gabaasa balleessaa |
| | Sirna Bulchiinsa faayinaansii naannichaa diriree sirritti hojii irra oluu isaa mirkannessuu. | | | | | | |
| | Sirna bulchiinsa faayinansii diriree sirritti hojii irra olu isaa qorachuu | Daar/Bulchiinsa Faayinansii Naannoo | Ji'a, Kurmanaa fi Waggatti yeroo 2(lama) | Manneen hojii naanno10 Godinalee 18 | Qoranoo fi deggarsa rakko hike | • Hordoffi fi Gamaagama,<br>· Maree fi Xinxaala gabaasaan | • Deggarsa Baasii yeroodhan dabarssuu<br>· Fedhii Foormatti Gaabaasa dhiyeessuu. |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | | | | Aanale/Magaalota 36 | | | |
| | Kaffaltii dedeebii malee raawwatamee karoorri manneen hojii mootummaa fixaan basuu. | Daar/Bulchiinsa Faayinansii Naannoo | • Ji'an, Guyyaadhan<br>· Kaffaltii mana hojii tokko rawwachuuf daqqiqaa 0.30 hanga sa'a 1.00 keessatti | Gaaffii dabarsa mallaqa dhiyate | Dogongora tokko male | Xaalayaa Dabarsaa Maallaqaadhan | • Gabaasa irra barbadamuu yeroo fi qulqullinan dhiyeessu<br>· Karoora Fedhii Mallaqa calla yeroo fi qulqullinan dhiyeessu<br>· Uunka gaaffi kaffaltii yeroo fi qulqullinan dhiyeessu |
| | Gabaasa herreegaa qulqullina qabu yeroo isa eegate sagantaan taa'e keessatti dhiyate murtoo kennuuf dandeessisu qopheessu | Daar/Bulchiinsa Faayinansii Naannoo | • Gabaasa ji'a jinni itti anu sene guyyaa 30 tti<br>·Gabaasi kurmana Kurmaani dhume ji'a tokko keessatti · Gabaasi Wagga bari baajata xumurame hanga dhuma kurmana lammaffaatti | | Qulqullina % 98 qabu dhiyeessu | • Gabaasaan "Harad Copy fi Soofti Copy"dhan, CD<br>· waltajjii Gamaagamma raawwii Gabaasa<br>· Walgahii JRISIn | • Fedhii Foormatti Gaabaasa dhiyeeffachuudhan<br>· Deggarsa barbaachissuu tasiissu. |
| | Hojimaata Odiitii sirrii ta'e hojii irra olchuudhaan qabeenyi naannichaa akkaataa kaayyoo kaa'ameen hojii irra ooluu isaa ittin mirkana'u dirririssuu. | | | | | | |
| 5 | Hojimata Odiitii keessa diriree hojii oluu isaa mirkanneessu | Daar/Hoordoffii fi Deggarsa Odiitii keessa | • Leenjii huubanoo cimssuu waggaatti guyyaa 30 Marsaa lamaaf | Manneen hojii sadarka Naannoo, Godinalee fi Aanalee/Magaalota hundaaf | Leenjii kennameen jijjirama argame beekuu barbaadu | • Sanaadoota hordooffii fi gamaagamma odiitii keessa seektaroorata irraa | Gabaasa Odiitii argaachuudhaf feedhii agarsiissuu qabuu Tarkaanffi siirreessa fudhachuudhaf kan qopha'an ta'u qabu. |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | Gabaasa Odiiti irratti tarkanffi sireessa akka fudhatamuu gochuu | Daar/Hoordoffii fi Deggarsa Odiitii keessa | • Hordoffii mana hojii tokkoof sa'atti lama keessatti deebbi kennu.·Yeroo hundaa osoo walii irraa hincitin geggessuu · Xinxaala taasa waggaatti yeroo afur · Xinxaala adda kan mana muurtiif Kom/Naamussa fi Farraa Malaamaltummaa.d hiimma tokko guyya 7(torba) keessatti xumurame dhiyaata. · Gamaagamma gabaasa Odiitii Mana hojii tokkoo guyyaa 2.5 | Kan manneen hojii naannoo huundaa ji'a ji'aan | Gabaasa guutuu, yeroo kan eegate fi karoora waliin kan wal madaale | • Gabaasa odiitii dhiyaatuu xinxaluudhan · Xinxaala taasaa fi adda geggessuudhan ·Bu'a Odiiti argamee irratti mana hojii waliin mare geggessudhan. | • Manneen hojii bu'a Odiiti irratti tarkanfii fudhachuudhan sirreessu · Sirna to'anoo keessa qabachudhan hojii mallamaitumma hambissuf hojjachu. |
| | Tarkaanffii sirreeffamaa fudhatame hojii irra ooluu isaa hodofuu fi duub deebii kennuu | Daar/Hoordoffii fi Deggarsa Odiitii keessa | Gabaasa Odiitii guyyoota 3 keessatti muurte argate guyyaa 30 keessatti hojii irraa olchudhan | | | Gabaasa Odiitii keessa manneen hojii xinxaludhan gabaasuu | Fedhii agarsissuu fi gabaasa odiitii dhiyaatuu irratti tarkanffi sirreessa fudhachuf qopha'a ta'u fi itti gafatamummaa fudhachuu. |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| | Odeeffannoo Mana hojichaa Lammiilee hundaaf gosa midiyaa adda addaatiin fayyadamun tamsaasuu, | | | | | | |
| 6 | Odeeffannoo Mana hojichaa Lammiilee hundaaf gosa midiyaa adda addaatiin bifa adda addaatin tamasaasuu duub deebii fudhachuu fi kennu. | Daar/ Dhimmootaa kom.Mootummaa | • Yeroo barbaachise hundatti<br>· Torbanii fi isaa gaditti<br>Gaffiin dhiyaatee guyyota 10-30 tti | Waggatti yeroo 48 fi isaa ol kennu. | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | • Midiyaaleen<br>· Maxxansalee fi elektirooniksiin · Raga qopha'ee jiru bifa qopha'ee ta'ee<br>· Waltajiiwwaniin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo<br>· Qamaa seerummaa<br>· Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |
| | Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu | Daar/Dhimmota kom.Mootumma a | • Yeroo barbaachise hundatti Torbanii fi isaa gaditti raga kennu | *Gaffii* dhiyaate hundaaf | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | Waltajiidhan ,Midiyaadhan ,suur sagaleen,meeshalee elektrooniksiin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo ,Qama seerummaa fi Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |
| | Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu | Daar/Dhimmota kom.Mootumma a | • Yeroo barbaachise hundatti Torbanii fi isaa gaditti raga kennu | *Gaffii* dhiyaate hundaaf | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | Waltajiidhan ,Midiyaadhan ,suur sagaleen,meeshalee elektrooniksiin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo ,Qama seerummaa fi Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |
| | Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu | Daar/Dhimmota kom.Mootumma a | • Yeroo barbaachise hundatti Torbanii fi isaa gaditti raga kennu | *Gaffii* dhiyaate hundaaf | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | Waltajiidhan ,Midiyaadhan ,suur sagaleen,meeshalee elektrooniksiin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo ,Qama seerummaa fi Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |

| Lakk | Gosa Tajaajilootaa | Bakka Tajaajilli Itti Kennamu | Istaandardii Kenna Tajaajilaa | | | Haala itti kennamu | Tajaajila Argachuuf Haal-Dureewwan Barbaachisan |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yeroo | Hanga | Qulqullina | | |
| 7 | Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu | Daar/Dhimmota kom.Mootumma a | • Yeroo barbaachise hundatti Torbanii fi isaa gaditti raga kennu | *Gaffii* dhiyaate hundaaf | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | Waltajiidhan ,Midiyaadhan ,suur sagaleen,meeshalee elektrooniksiin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo ,Qama seerummaa fi Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |
| | Ragaalee mana hojichaa gosa adda addaa fi bifa adda addaatin kennu | Daar/Dhimmota kom.Mootumma a | • Yeroo barbaachise hundatti Torbanii fi isaa gaditti raga kennu | *Gaffii* dhiyaate hundaaf | Ragaa wayitumma fi amansisumma an isaa %95 ol ta'e | Waltajiidhan ,Midiyaadhan ,suur sagaleen,meeshalee elektrooniksiin | • Xalayaa gaaffii raga fi odeefanoo ,Qama seerummaa fi Gosa Midiyaa barbaachisuu adda baafachuun. |

**11. Waadaa Tajaajilamtootaaf Galame**

Akkaataa chaarterii kana irratti qophaa'een lammiileef tajaajila ni kennina; tajaajilamtoota kabajaan, haqaa fi loogii malee ni tajaajilla.

**12. Mirga Lammiilee**

- Tajaajila biirichaan kennamu huundaaf odeeffannoo quubsaa ta'e argachuu
- Tajaajilaa fi murtii haqa-qabeessa argachuu
- Tajaajila barbaadu yeroo ka'aame keessatti yoo argachuu dhabe sababa isaa ifatti beekuu
- Qaama miidhamtoonni, manguddootnii fi qaamoleen hawaasaa tajaajila addaa isaan barbaachisu haala adda ta'een qajeelfama irratti hundaa'uun keessumsiifamuu fi tajaajiila argachuu
- Yaadaa fi komee qaban dhiyeessuu
- Komee dhiyaateef deebii haqa-qabeessa ta'e argachuu
- Ragaa karoora fi raawwii biirichaa argachuu
- Yoo deebii quubsaa argachuu hin dandeenye qaamolee miidiyaatti, Dhaabata Mirga Namummaatti, Dhaabbata Abbaggaar uummataa fi qaamoolee dhimmi ilaallatutti beeksisuuf mirga qabu.

**13. Dirqama Lammiilee**

- Sadarkaa kenniinsa tajaajilaa qopheessinne kanatti seeraa fi kabajaan itti fayyadamuu;
- Haaldureewwan tajaajila argachuuf barbaachisan guutanii dhiyaachuu;
- Odeeffannoowwan tajaajila kennamuun wal qabatan yeroo gaafataman deebii siirrii kennuu
- Qabeenya Mootumma kuunuunsuu, eeguu, qusannoon itti fayyaadamuu keesatti dammaqinaan hirmaachuu
- Kaaroora misooma naannoo qopheessu keessatti gahee irraa egamuu ba'uu.

**14. Sirna Komiin Itti Dhiyaatu**

Lammiin haala chaarterii qophaa'een tajaajila hin argatiin mirga komee dhiyeeffachuu ni qabaata. Akkaataa komeen itti dhiyaatuu fi furmaata argatu haala armaan gadiitiin kan raawwatu ta'a.

- Lammiin komee qabu komee isaa raawwataa/ittigaafatamaa tajaajila sana kenneef qaamaan argamuun afaaniin, barreeffamaan ykn bilbilaan, faksii fi emeeliidhaan ibsachuu ni danda'a.
- Ittigaafatamaan ykn raawwataan komeen itti dhiyaate komicha qulqulleessuun guyyaa tokko keessatti qaama komee dhiyeeffateef deebii quubsaa kennuu qaba;

- Lammiin deebii kanatti quufuu dhabe Ofiisera naamusaatti dhiyeessuun yeroo guyyaa tokko kan hin caalle keessatti deebii argachuu qaba;
- Lammiin haala kanaanis itti quufuu dhabe dhimmicha qaama ol-aanaa mana hojichaatiif dhiyeessuun guyyaa tokko keessatti deebii argachuu qaba;
- Dhumarrattis sadarkalee armaan oliitiin yaalii taasifamee fi murtee kenameen lammiin itti hin quufiin Dhaabbata Abbaagar ykn Dhaabbata mirga namummaattii fi sab-quunnamtii (media) uummataatiif dhiyeessuun furmaata barbaaduu ni danda'a.

15. **Hirmaannaa Gochuu fi Yaada Kennuu**

Lammiileen yaada fooyya'insaa, eeruu, gaaffii fi ibsa qaban haala armaan gadii kanaan dhiyeessuu ni danda'u.

- Biiroo keessatti saanduqa yaadaa fi galmee yaadaa argamutti fayyadamuu ykn afaaniin ibsuun;
- Waltajii maree qophaa'utti fayyadamuun
- Xalayaan, Lakkoofsa sanduuqa postaan-669/1110
- Bilbilaan 011-5-52-73-06
- Faksiidhaan 011-5510098/011-5-510429/0115530785
- Weebsaayitiidhaan www.oromiabofed.org

16. E-mailiidhaan oromia.obofed@ethionet.et
17. **Sirna Hordoffii fi Gamaaggama BiirooMaallaqa fi Misooma Dinagdee Oromiyaatin Taasifamuu**

- Biirichi akkaataa chaarterichaatin lammiileen tajaajila argachuu isaanii hodoffii fi deeggarsa gochuun ni mirkaneeffata;
- Dhimmoota kanarratti itti gaafatamtoonnii, adeemsaaleen hojii fi raawwatoonni itti gaafatamummaa qaban akkaataa chaarterichaatiin tajaajila kennuu isaanii raayyaa jijjiiramaatiin torban torbanii fi ji'a ji'aan gamaaggama taasisuun hooggansa ol-aanaa Biirichaaf gabaasni ni dhiyaata;
- Gabaasota hordoffii fi gamaaggama yeroo yeroon dhiyaatu bu'uura gochuun tarkaanfiiwwan sirreeffamaa ni taasiffama;
- Waltajjiiwwan tajaajilamtootaa gurmaa'uu fi hojii irra ooluu isaanii ni mirkaneessa;

- Qaama bilisa ta'een itti quufinsi tajaajilamtootaa akka sakatta'amuu ni taasisa;
- Sirni komeen itti keessumeeffamu diriiruu fi hojii irra ooluu isaa ni mirkaneessa.

## 18. Teessoo Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaa

Teessoon **Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee** Oromiyaa Magaala Finfinnee ta'ee:

- Boolee naannoo Gamoo Dambal mooraa Waajira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argama.

**Gabatee 2: Teessoo Hoogganaa Biiroo, Itti aantota Biiroo fi Adeemsaalee Hojii**

| T.L | Iddoo/Adeemsaalee Hojii Ijoo | Teessoo | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Lakk. Bilbilaa | Faaksii | E-maile |
| 1 | Waajjira Hoogganaa BMMDO | 011-5-527306 | 011-5510098 | obofed@ethionet.et |
| 2 | Waajjira I/A Hoogganaa Biiroo fi I/G/Damee Kaaroora, Hordoffii fi Gamaagama | 011-5-15-51-98 | /011-5-510429 | |
| 3 | Waajjira I/A Hoogganaa fi I/G/Damee Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya fi Faayinansii Naannoo | 0115155182 | 011-5-530785 | |
| 4 | Daar/ Dhimmoota Kominikeeshinii Ummataa | 0115549340 | 0115541142 | Bofedahidhk@yahoo.com |
| 5 | Daar/Qoraanoo Immamataa fi Tarssiimoo Kaaroora Gooroo | 011512005 | 0115510429 | mosisabe@yahoo.com |
| 6 | Daar/Kaaroora ,Baajata ,Hordooffii fi Gamaaggamaa | 0115 | 0115510429 | |
| 7 | Daar/Hordoffii fi deggarsa Dh/Mit-Mootummaa | 0115527251 | 0115510429 | |
| 8 | Daar/Rgalee fi Infoormeshinii Naannoo | 0115513238 | 0115159903 | |
| 9 | Daar/Bulchiinsa Faayinansii Naannoo | 0115539613 | 0115530785 | Getu.busa@gmail.com |
| 10 | Daar/Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa | 0115510086 | 0115510098 | |
| 11 | Daar/Hordooffii fi Deggarsa Odiitii Keessaa | 0115536152 | 0115510098 | |